

# NYAATA BILISAA, TOLA KAN DHIYAATU

Open Arms de MN & Ramsey County



## SAGANTAA ITTISA COVID-19

Open Arms of Minnesota and Ramsey County miseensota hawaasaa gargaarsa barbaadaniif nyaatawwan madaalawaa bilisaan dhiyeessudhaaf qindoominaan hojjataa jira. Jiraataa Ramsey County weerara COVID-19 tiin miidhame yoo taatan, nyaata qophaa'aa manatti tola isiniif dhiyaatu argachuudhaaf kan maltan ta'uu ni dandeessu.

## ARGACHUUF MALUU

Jiraattota Ramsey County kanneen umuriin isaanii waggaa 18 ol ta'an, COVID-19 irraa kan ka'e kan mana keessaa hin baane fi rakkinni maallaqaa isaan mudateef nyaanni dhiyaatu jira.

## NYAATAWWAN

Tokkoon tokkoo nyaata torbanitti dhiyaatu nyaatawwan 14 kan of keessatti hammatu yoo ta'u, isaanis nyaata cinaadhaan kuduraalee qabu kan diilalla keessa jiru, shorbaa dilallaa'aa lama, salaaxaa magariisa fi deeli, fuduraa haaraa/kan hin turre, wantoota akka kashataa fi gammoojjitti nyaataman, aannanii fi kukisiiwwan ajajaan ni dhiyaatu. Torbanitti walii gala nyaatawwan 21'f gosoonni nyaata dabalataa jiraachuu ni malu.

## AKKAMITII AKKA JALQAN

Nyaanni bilisaa namaaf dhufu argachuudhaaf kan maltan ta'uu keessan baruudha fi argachuudhaaf galmaa'udhaaf, marsariitii keenya [openarmsmn.org/covid-19-response-program](https://openarmsmn.org/covid-19-response-program) kean jedhu ilaalaa yookin 612-767-7333 irratti nuuf bilbilaa. Tajaalilli turjumaanaa jira!